Halkani fi Guyyaa ❄

Akeekkachiisa Cabbii Haquu

Magaalaan Saint Paul Akeekkachiisa Cabbii 3” ykn sanaa-ol ta’u YKN cabbiie hanga 3” yeroo guyyaa 3 keessatti bu’u labsa. Karroonni hundinuu Karoota Halkan Haqaman ykn Karoota Guyyaa Haqamanii dha. Karroonni mallattoo haquu halluu diimaa ykn adii, kan akka kanaa gadii qabaatu. Karoonni Haquu Guyyaa mallattoo haquu hinqaban.

Halkan Haquu

Yoom: Halkan Akeekkachiisi Cabbii labsame sa’a 9:00 w.b. jalqabee hanga ganamaatti amma karaan sun amma gara qarqara karaatti haqamutti itti fufa.

Eessa:Karoota konkolaataan itti heddumaatu- kan mallattoon KARAA HAQUU HALKANII jedhu **akkasumas** karaa gama tokkoo kaaba –kibbaa karoota naannoo mana jirenyaa mallattoolee KARAA HAQUU HALKANII jedhu qabu.

Guyyaa Haquu

Karoonni Guyyaa Haqaman Mallattoo **Hinqaban**

Yoom: Karronni Halkanii erga amma qarqara karaatti haqamanii booda, yeroo baay’ee naannoo sa’a 8:00 w.d guyyaa itti’aanuutti itti fufa.

Eessa: Karoota Bahaa-Dhihaa naannoo manoota jreenyaa fi karaa gama tokkoo kaabaa - kibbaa karoota naannoo mana jireenyaa – mallattoo Halkan Haquu HINQABNE jedhuun..

Hubadhu: Seerronni kuni kan hinilaalle jiru. Kan isaan hinilaalle iffatti mul’atu.

Hanga cabbiin amma qarqara karaatti haqamee dhumuutti konkolaataa dhaabuun dhorkaa dha.

Tiketaa fi Harkifamuu irraa of-eegi!
Bulchiinsi magaalichaa utuuhaquu hinjalqabin konkolaataa keetti tiketa kenna akkasumas niharkisa. **Addabbiin “Hidhaa Cabbii” $53**. Harkisuun baasii bakka itti kuusanii guddaa kaffalchiisuu ni mala.

Toora odeeffannoo Akeekachiisa Cabii Haquu sa’aa 24 kan himu baruuf**,** raadiyoo dhaggeeffadhu**,** oduu TV irraa ilaali, ykn**. 651-266-**PLOW **(651-266-7569)** bilbili. Odeeffannoon Cabbii Haquu akkasumas fuula intarnetaa Magaalichaa ‘**www.stpaul.gov**’ **irrattis ni argama. Imeelii ykn tekstii dhaan yaadachiisa Dammaqsa Cabbii(‘Snow Alert’) jedhamu argachuuf bakka ‘www.st.paul.gov.snowalert’ jedhutti galmeeffami. Ykn ‘Twitter’dhaan karaa www.twitter.com/stpaulpublicw nu hordofi.**

SAINT PAUL
The Most Livable City in America

Responsive Services • Employee Pride • Facilities • Quality • Utility
SAINT PAUL PUBLIC WORKS